# سُورَةُ العَصْرِ
# Suuraa Kgasgri

| | |
|---|---|
| *Dura dursoo suuran tun {suuratulkgasgri} je'amti | قبل كل شئ هذه هي سورة العصر |
| *Isiin suura makkaati . | وهى سورة مكية |
| *Aayaanni isi'ii sadii . | وآياتها ثلاث {٣} |
| *Lakkooysi isi'ii dhibbaafii sadii . | وعددهـا مائة وثلاث |
| *Isiin eega suuraa {Sharhgiitii } buute . | نزلت بعد سورة الشرح |
| *Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii. | بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ |

وَالْعَصْرِ ﴿١﴾

**1}***Asgri`iinan siif kakhadhaa {asri in}{ kgasgriin} zamanuma hunda, takkaa asriin waytii zuhri'irraa hanga maghribattii, takkaa asgriin Rabbiin khakhateen salaata asri`iitii, wanni Rabbiin isi`iin khakhateef waan isiin sawaaba guddaa Rabbi biratti qabduufii,duuba asri`iin sii khakhadhee.

إِنَّ الْإِنسَانَ لَفِي خُسْرٍ ﴿٢﴾

**2}***Namni hundi khasaaraa, yookaa badii keessa jira, addunyaa tanarratti.

إِلَّا الَّذِينَ آمَنُوا

*Yoo warra Rabbii tokkichatti amane kan ergamaa isaa ,muhammaditti amane , kan akkasuma ergamoota Rabbii hundatti amane taate malee,

وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

*Sanuu warra eega akkasitti amanee, waan gaarii dalage ,haqa Rabbii eeggatee ,haqa namaa eeggatee,

وَتَوَاصَوْا بِالْحَقِّ

*Warra iimaana walii dhaamu kanneen waan gaarii hundarratti wal gorsan,

وَتَوَاصَوْا بِالصَّبْرِ ﴿٣﴾

**3}***Warra obsa walii dhaamu dili`i rraa ob-sanii dhiisuu tayuu,waan gaari`irratti obsanii waan Rabbiin buuse jaa latuu tayuu,maalif karaan Rabbii haqaan dalagu`utti haajama, ammoo dalagaan sabrii yookaa obsatti haajamti,ammallee adduny-aan tun mana mokkorri`iitii, Rabbitti amanu`uufii,mala walii dhawanii, karaa gaarii wal qajeelchanii, dalagaa haqarratti wal gargaaranii, obsu`utti haajamti .obsaan waan hamtuu hunda jalaa bayanii, waan gaarii hunda argatanii, tanaaf Rabbiin salaatafii sabri`iin dalagaa teessanirratti gargaarsifadhaa je`ee ,qur`a-ana keessatti nu ajaje,namni waan dhaberratti sabbare,sawaabni isaa likkiin

qabu, tanaaf jecha wannin isiniin je`u:akka khasaaraa addunya`aa aakhira`aa jalaa baatan, iimaanafii ,dalagaa gaari`iifii , haqarratti wal ittisu`uufii ,sabrii guuta

**{WALALOO}**

Karaan Rabbii haqaa obsi isarratti
Hanga Rabbii khankee biraan si ayuttii
Sheyxaanafii nabseen ergaa azaabatii
Sirraan jaalatanii kalaraa annataatii